# سُورَةُ غَافِرٍ
# Suuraa Ghaafir

قبل كل شئ تسمى هذه السورة بسورة غافر

*Dura dursoo suuran tun suuratu {ghaafir } je'arnti

وهي سورة مكية الا الآية ( ٥٦- ٥٧ ) فهي مدنية

*lsiin suuraa makkaati aayata 56-57 - malee isaan lamaan ka madiina'atii .

وآياتها خمس وثمانون آية

*Aayaanni isi'ii saddeettamii shan {85}

وعددها ( ٤٠ )

*Lakkooysi isi'ii afurtama, {40}

نزلت بعد سورة الزمر

*Isiin eega {Zurnarii} buute

بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

*Jalqabni maqaa Rabbii rahgmata qabuutii,

حمٓ ﴿١﴾

I}*Makgnaan jecha { hgaa miiim} [1]kanaa Rabbumaatu beekha. Yaanni gaariin maqaa Rabbiiti je'a.

تَنزِيلُ ٱلْكِتَٰبِ

*Qur'aana buusun,

مِنَ ٱللَّهِ ٱلْعَزِيزِ

*Rabbii jaba'arraayi, nama birarraayii mitii,

ٱلْعَلِيمِ ﴿٢﴾

2}*Rabbii waa hunda beekhu.

غَافِرِ ٱلذَّنۢبِ

*Kan mu'minaaf araaramu .

وَقَابِلِ ٱلتَّوْبِ

*Kan towbaa mu'minaa qeebalu.

شَدِيدِ ٱلْعِقَابِ

*Kan akka jaba'atti kuffaara qixaaxu.

ذِى ٱلطَّوْلِ

*Kan kennaan isaa bal'o'oo

لَآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ

*Kan isa malee Rabbiin biraa hin jirre.

إِلَيْهِ ٱلْمَصِيرُ ﴿٣﴾

3} *Namuu gara isaati deebi'aa, namuufuu jazaa galcha

مَا يُجَٰدِلُ فِىٓ ءَايَٰتِ ٱللَّهِ

*Qur'aana Rabbii moromee, qeebaluu hin didu,

[1] {Dubbiftuun } sadii tayuun alaamaa maddi'Iiti

إِلَّا ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ *Warra Rabbii isaan umettikafare malee. kafare malee.

فَلَا يَغۡرُرۡكَ تَقَلُّبُهُمۡ فِي ٱلۡبِلَٰدِ ٤ 4}*Duuba eega isaan kuffaaraa, beytee, isaan nagayaan biyya keessa olii gad deem un , kan balaan isaanitti hin buune, sin yaachisin. sin dagin. Horii qabaatun isaanii. mootummaa, horii , namaan gargaaran qabaatun isaanii, waan milkii addunya'aa, aakhi ra'arra jiran hin seyin. isaan warra hoongayee. qananiin an isaanii kenne tun,waan hinjirree, waa xiqqo booda, irraa deemtii. an qaaxaro'on qabeef malee, isaan qixaaxuu hin dhiifnee. eegan isaan qananiisee isaan qabeetan dilii kufri'iitifii, dilii qanani'irratti amananii, galata naa galchuu dhabu'uutif isaan qixaaxaa

كَذَّبَتۡ قَبۡلَهُمۡ قَوۡمُ نُوحٖ *kuffaara makkaa ,kan nabi muhammad kijibsiise dura ,ummanni { nuuhg } nabi {nuuhg} kij ibsiisanii jiran,

وَٱلۡأَحۡزَابُ *Ummanni anbiyyoota isaanii kijibsiisu'urratti walii gale,kan akka ummata {kgaad} ummata { thamuud } nabiyyoota isaanii kijibsiisanii jiran,

مِنۢ بَعۡدِهِمۡۖ *Eega ummanni nuuhg dabree,

وَهَمَّتۡ كُلُّ أُمَّةِۭ بِرَسُولِهِمۡ لِيَأۡخُذُوهُۖ *Ummanni sun hundi nabiyyii isaanii ajjeessu'uuf, jaatanii godhan, inumaa isaanirraa warra nabiyyii isaanii ajjeessetu jira,

وَجَٰدَلُواْ بِٱلۡبَٰطِلِ *Ummanni sun, kijibaan anbiyoota isaanitti falman,

لِيُدۡحِضُواْ بِهِ ٱلۡحَقَّ *kijibaan haqa, yookaa dhugaa, balleessu'uu jecha ,

فَأَخَذۡتُهُمۡۖ *Duuba balleessaa sanirratti isaan qabee lafarraa isaan fixee .

فَكَيۡفَ كَانَ عِقَابِ ٥ 5} *Mee qixaaxni an isaan qixaaxe .akkarne? bakka gate moo hin arganne bakka argate jechu' .

وَكَذَٰلِكَ حَقَّتۡ كَلِمَتُ رَبِّكَ *Akkasitti jechi Rabbii keetii ,kan namaafii jinniiinan ibidda guuta je'ee kakate ragga'e,

عَلَى ٱلَّذِينَ كَفَرُوٓاْ *Warra Rabbitti kafarerratti ragga'e,

أَنَّهُمۡ أَصۡحَٰبُ ٱلنَّارِ ٦ 6} *Isaan warra ibiddaati jechuun ,

ٱلَّذِينَ يَحْمِلُونَ ٱلْعَرْشَ
*Warri kgarshii ba'atu,isaan addunya'atti nam afurii , qiyaamaa nama saddeetii.

وَمَنْ حَوْلَهُۥ
*Warri kgarshiidhan naannayee dhaab-batu isaan hayyoota malaayka'aatii,

يُسَبِّحُونَ بِحَمْدِ رَبِّهِمْ
*Rabbii isaaniti tasbiihga godhan faa-ruu isaatin wajji {subhgaanallaahi wa bihgamdihii} je'anii,

وَيُؤْمِنُونَ بِهِۦ
*lsaan akkuma arraban tasbiihga godh-an qalbi'iin tokkummaa isaa dhugo'oo-msan. akkuma afaanin ibaadaa godhan gara'a nis ibaadaa godhan jechu'u,

وَيَسْتَغْفِرُونَ لِلَّذِينَ ءَامَنُوا۟
*Malaaykan Rabbii, nama ilmaan nam-arraa, Rabbitti amane maraaf, araara ra-bbirraa barbaadan, wanni Rabbiin malaaykaa istighfaara namaa godh-u'utti ajajeef, malaayka'aatu hoggaa Rabbiin naman uumaje'ee mariyate-en, nama dilii dalagu uumtaaje 'ee ilmaan aadam hamate. Tanaaf jecha, namni, harntu'uun nama tokko dubbate, nama saniif istighfaara godhu-un ni barbaadama. akka malaa ykan ilmaan aadamiif istighfaara gootee rahgmata isaanii khadhattutti . wanni jettu

رَبَّنَا وَسِعْتَ كُلَّ شَىْءٍ رَّحْمَةً وَعِلْمًا
*Yaa Rabbii keenya rahgmanni kee waa hundaaf bal'atee ,beekkomsi kee waa hundaaf bal'atee.

فَٱغْفِرْ لِلَّذِينَ تَابُوا۟
*Warra jallinarraa deebi'eef araarami.

وَٱتَّبَعُوا۟ سَبِيلَكَ
*Warra karaa kee,karaa diinaa islaamaa deemef araaramii rahgmata godhiif,

وَقِهِمْ عَذَابَ ٱلْجَحِيمِ ﴿٧﴾
7}*Yaa Rabbi, azaaba ibiddarraa nag-aya isaan baasi .

رَبَّنَا وَأَدْخِلْهُمْ جَنَّٰتِ عَدْنٍ
*Yaa Rabbii keenya orma rnu'rninaa jannata qubsuma gaari'ii san, isaan see-nsisi,

ٱلَّتِى وَعَدتَّهُمْ
*Jannata isinanan seensisa jettee baal-lama seentef isaan seensisi ,

وَمَن صَلَحَ مِنْ ءَابَآئِهِمْ وَأَزْوَٰجِهِمْ
*Ammallee warra abootii isaanirraa, ammallee beera isaanirraa,

وَذُرِّيَّٰتِهِمْ
*Ammallee ilmaan isaanirraa, nama iimaanarratti du'e,isaanin wajji jannata seensisi maalif namni hoggaa jannata seenee, qananii bal'oo san arge, abbaan kiyya, haati tiyya, i1maan kiyya, jartin tiyya, warri kufri'irratti hin du'in eessa jiran je'a, duuba wanni isaan je'amu isaan dalagaa akka

dalagaa teetii hin dalayne. hoggus akki je'u: an lubbuu tiyyaafii, ta isaanitiifan dalaguu ture je'a, hoggaa san wa nni je'amu: nama inni barbaade, jannata seensisa'aaf. duuba hoggaa fira isaatin walitti qabame, darajaa isatti ol fuudhaniifii, gammachuun isaani guutamtiif,

| | |
|---|---|
| إِنَّكَ أَنتَ ٱلْعَزِيزُ ٱلْحَكِيمُ ﴿٨﴾ | 8}*Yaa Rabbi ati kanjabeenya qabu an hikmaa qabu kan waan malu malee hin dalaynee, orma amane san jannata seensisi . |
| وَقِهِمُ ٱلسَّيِّـَٔاتِ | * Azaaba dili'ii, qixaaxa cubbu'urraa, isaan tiysi, |
| وَمَن تَقِ ٱلسَّيِّـَٔاتِ يَوْمَئِذٍ | *Nama guyyaa qiyaama'aa azaaba dili'irraa najaa baafte |
| فَقَدْ رَحِمْتَهُۥ | *Dhugumaan rahgmata gootef, |
| وَذَٰلِكَ | * Araaramaafii, jannata argatuun, |
| هُوَ ٱلْفَوْزُ ٱلْعَظِيمُ ﴿٩﴾ | 9}*Sani, milkiin guddoon namni hawuuf. |
| إِنَّ ٱلَّذِينَ كَفَرُوا۟ | *Warri Rabbitti kafare hoggaa ibidda seenan, aaraniiti dallananii,nabsee ifii abaaran kan namuu dhagayu |
| يُنَادَوْنَ | *Malaaykan itti Iallabdee wanni jettuun |
| لَمَقْتُ ٱللَّهِ | *Dallansuu Rabbiin addunya'arratti isin itti dallanuutu, inni lubbuu teessan qixaaxu'uutu |
| أَكْبَرُ مِن مَّقْتِكُمْ أَنفُسَكُمْ | *Isin ifitti dallanu'urra |
| إِذْ تُدْعَوْنَ إِلَى ٱلْإِيمَٰنِ فَتَكْفُرُونَ ﴿١٠﴾ | 10}* Gaafa isin addunya'arra jirtan, kan nabiyyiin keessan iimaanatti isin yaamee,isin jalaa diddanii kafartan, Rabbiin isinitti dallanu'uutu ar'a guyyaa qiyaama'aa ,isin lubbuu tees sa nitti dallanu'urra gudda'a. jetteeti malaaykan, orma kuffaaraa san xixxi. |
| قَالُوا۟ رَبَّنَآ أَمَتَّنَا ٱثْنَتَيْنِ | *Duuba kuffaarri hoggaa azaaba argu wanni je`e: yaa Rabbii keenya hoggaa lama nu ajjeeftee, |
| وَأَحْيَيْتَنَا ٱثْنَتَيْنِ | *Hoggaa lama nu jiraajjiftee, |
| فَٱعْتَرَفْنَا بِذُنُوبِنَا | *Balleessaa sitti kafaru'uu, qiyaaman hin jirtu jennee ,sitti kafaru'uu, fudha- |

nnee, akka sitti balleessine beeynee.

فَهَلۡ إِلَىٰ خُرُوجٖ مِّن سَبِيلٖ ﴿١١﴾

**11}***Ibiddarraa bayu 'uuf addunya' Arratti deebiiidhaf karaa qabnaa akka sitti amannee, waan ati jettu dhageenyee ibidda kanarraa, nagaya baanu? Duuba wanni isaanin je'amu: lakki, waan barbaaddan hin argattan jechu'. duuti isaan lama duune jean: takka ta hoggaa garaa haadhaa jiraniiti odoo baatii afur gayanii, lubbuun itti afuufamin. tuun ta hoggaa umriin, dhumte duaniiti. ammoo jiruun lam aan isaan jean: takka ta hoggaa garaa haadhaa keessa baatii afur gayan ruuhgin itti afuufamtee jiraatan, hanga umriin isaanii dhumtutti. jiruun tuun: ta eega duanii.qabrii keessa, hanga taaan taaaanii, qiyaarnan dhaabbattee jiraata n duuba ragaa dandeytii Rabbii kan duraan adduny aarratti qeebaluu didanrn,azaaba garraan .dhugooomsanii.qeebalan haa tayuu dhugooornsun isaanii, isaan hin fayyaddu, wanni isaanin jeamu ibidda keessa taaaadhaa gubadhaa .

ذَٰلِكُم *Azaabni isin seentan sun

بِأَنَّهُۥٓ *Sababaa isin addunya' arratti,

إِذَا دُعِيَ ٱللَّهُ وَحۡدَهُۥ *Hoggaa Rabbiin tokkichaa , waaqa tokkichatti amanaa, isiniin je' arne,

كَفَرۡتُمۡ *Tokkummaa Rabbitti kafartan,

وَإِن يُشۡرَكۡ بِهِۦ *Ammoo yoo shariikni hiriyaan Rabbiif godhame.mukni { waaqa } jeaniin jinniin { waaqa }{ iisan } waaqa jeame,

تُؤۡمِنُواْ *Rabbiin hedduu tayuu ni dhogo`oomsitan,

فَٱلۡحُكۡمُ لِلَّهِ ٱلۡعَلِيِّ ٱلۡكَبِيرِ ﴿١٢﴾ **12}** *Warra Rabbii tokkichatti amane,

jannata seensisee ,warra isa malee nama biraatin Rabbi jeu azaaba ibiddaa seensisuun, hukmii Rabbii, firdii yookaa murtii Rabbiin ol taye muree hin dubbatina' aa, usaa, murtii sganamaatii mitii je' amaan.

هُوَ ٱلَّذِي يُرِيكُمۡ ءَايَٰتِهِۦ *Rabbiin isa ragaa dandeytii isaa , isin garsiisu waan uume keessatti . -

وَيُنَزِّلُ لَكُم مِّنَ ٱلسَّمَآءِ رِزۡقٗاۚ *Rabbiin kan rizqii, waan jiraattaniin samiirraa isinii buusu , rooba roobsee Akka namuufuu rnulatu ,sababaan rizqii hundaa ,bishaanii, bishaan, samiirraayii.wanni nyaataan, kan akka rniidhanii, foonii , roobarraayi. wanni uffatan, kan akka jibriii , roobarraayii , nami wallaale hin jiru .

وَمَا يَتَذَكَّرُ
*Waan kanaafii, kan biralleeen hin gorfamu.

إِلَّا مَن يُنِيبُ ﴿١٣﴾
13} *Namajallinarraa, kufriirraa , gara Rabbii, gara qajeellooo deebie malee.

فَٱدۡعُواْ ٱللَّهَ
*Rabbii keessan ibaadaa . gabbaraa

مُخۡلِصِينَ لَهُ ٱلدِّينَ
*Diin keessan isaaf qulqulleessa'aa, waan biraa Rabbitti idaatanii,ibaaduu dhiisu'uun

وَلَوۡ كَرِهَ ٱلۡكَٰفِرُونَ ﴿١٤﴾
14}*Odoo ormi kuffaaraa , islaamummaa, keessan, Rabbii tokkicha ibaaduu keessan jibbelle' ee.

رَفِيعُ ٱلدَّرَجَٰتِ
*Rabbiin kan sifti isaa guddoo taate kan waan isaan hin malle hundarraa . guddatee kan irreen isaa jabdu'uu .kan darajaa nama isatti amanee ol fuudhu .

ذُو ٱلۡعَرۡشِ
*Kan arshii waan inni uume keessaa irra guddooo uumee,waan fedhe itti dalagu isa kan ibaadaa haqa godhatu . nama biraatii mitii .

يُلۡقِي ٱلرُّوحَ مِنۡ أَمۡرِهِۦ
*Rabbiin wahyii ,yookaa dhaamsa, barsiisaa .ni buusa ,waan jeuu.fedhuu , yookaa mure.

عَلَىٰ مَن يَشَآءُ مِنۡ عِبَادِهِۦ
*Gabroottan isarraa,nama fedherratti buusa kitaaban tayuu, karaa biraatin tayuu.wanni Rabbiin waan anbiyaarratti buusun, ruuhgii jeeef': waan Rabbiin buusu santu , akka ruuhgin qaama namaa keessa yaatutti, qaama nabiyichaa keessa yaaaadhafi . tanaaf nabiyyichi waa hin irraanfanne. Ammallee wanni Rabbiin buu su, waan, akka qaarnni, ruuhgiiin jiraatutti ,namni kufriiin due.isaan j iraatu, jecha 'aaf , wahyiin ruuhgii je'amte.

لِيُنذِرَ
*Akka narnni wahyiin irratti buute, nabiyyichi sun,nama dinniinufi. yookaa sodaachisuufi

يَوۡمَ ٱلتَّلَاقِ ﴿١٥﴾
15}*Guyyaa khalqiin hundi kan miidhefii, kan miidhame, kan samiiitifii ,kan dachiii kan gabbareefii, kan gabbarame, keessatti wal argu . sun guyyaa qiyaama aatii, tanaaf guyyaa argaa je'arne .

يَوۡمَ هُم بَٰرِزُونَۖ
*Guyyaa khalqiin hundi qabriii bayu. kan dirree bayanii yaaan .

لَا يَخۡفَىٰ عَلَى ٱللَّهِ مِنۡهُمۡ شَيۡءٞۚ
*Kan waa takkalleen isaanirraa Rabbirraa hin dhukanne kan Rabbiin .

لِّمَنِ ٱلۡمُلۡكُ ٱلۡيَوۡمَۖ
*Guyyaa san mootummaan ara tan eenyuti je'u.kan nam tokkolleen akka addunyaarratti an mootii ifiin je`u hin jirre duuba Rabbiin ifumaaf, ifii deebisee akka jee :

لِلَّهِ ٱلۡوَٰحِدِ
*Mootummaan ta { waaqa } tokkichaati kan nam tokka.rnaqaalleeef, isaan wajjih in qabne. akka gaafa addunyaatti .

ٱلۡقَهَّارِ ١٦
16} *Kan waan isa malee jiru hunda injifate.

ٱلۡيَوۡمَ
*Guyyaa qiyaama'aa kana.

تُجۡزَىٰ كُلُّ نَفۡسِۭ بِمَا كَسَبَتۡۚ
*Lubbuun hundi waan dalayderraa gaafatamti, yoo sharrii taye ,yakkamtee . yoo kheyrii taye badhaafamtee.

لَا ظُلۡمَ ٱلۡيَوۡمَۚ
*guyya rabbiin dirree qiyaamaatti.nama jiddu'utti,dubbii laalee muru san, roorrifamuun hin jiru. Kheyrin dalagan ,nama duraa ir'ifamtee,sharriin hin dalagin, namarra kaayamtee miidhamuun, hin jiruu. Namuu waan facaafate murataa.

إِنَّ ٱللَّهَ سَرِيعُ ٱلۡحِسَابِ ١٧
17}*Rabbiin yaroo xiqqoo keessatti khalqii gaafatee adda galcha. akka hadiisatti dhufetti :hanga cinaa guyyaa addunya'aa tokkotti fixa .nama kana gaafatuun yookaa hisaabun , kaan hisaabuu isaan dhoowwitu. Namni hundi akkuma waan isa qofa hisaabuti itti fakkaata.

وَأَنذِرۡهُمۡ يَوۡمَ ٱلۡأٓزِفَةِ
*guyyaa qiyaama'aa nama sodaachisi,

إِذِ ٱلۡقُلُوبُ
*Gaafa sodaa keessa, lubbuun ol fuudhamtu, takkaa qalbiin ol fuudhamtee.

لَدَى ٱلۡحَنَاجِرِ
*Khokkee bira geessu .

كَٰظِمِينَۚ
*Yaanni rifachu'uu guutee.

مَا لِلظَّٰلِمِينَ مِنۡ حَمِيمٖ
*Gaafas warri nama miidhu, nama isa jaalatu, kan isaaftolu, hin qabu.

وَلَا شَفِيعٖ يُطَاعُ ١٨
18}*Ammallee nama isaan dhagayee isaan shafa'u hin qaban, nama isaan

shafa'u inumaa hin qaban jechu'

يَعۡلَمُ خَآئِنَةَ ٱلۡأَعۡيُنِ

*Rabbiin ija hannaan,buttee waan irraa dhoowwamte, laaltu hunda beekhaa,irraa gaafata. sanirra nama warra namaa dhoysa'aan laalu kan hoggaa warri isa arge ija irraa gad qabatu. kan hoggaa isiin if dagatte takkaa isaan dagatan isii laalu. rabbiin san hunda quba qaba .

وَمَا تُخۡفِي ٱلصُّدُورُ ١٩

**19**}*Ammallee rabbiin waan namni qalbi'ii qabu beekha .

وَٱللَّهُ يَقۡضِي بِٱلۡحَقِّۖ

*Rabbiin haqaan firdii godha, waan waa hunda quba qabuuf jecha. waan waa hunda inni uumef jecha

وَٱلَّذِينَ يَدۡعُونَ مِن دُونِهِۦ

*Wanni kuffaarri {waaqaa} achitti gabbam sanamni taabonni mukni dhagaan .

لَا يَقۡضُونَ بِشَيۡءٍۗ

*Waa takka firdii, yookaa murtii hin godhan haqaafii ,haqaan male'ettillee waan hin dhageenyef, hin agareef.

إِنَّ ٱللَّهَ هُوَ ٱلسَّمِيعُ ٱلۡبَصِيرُ ٢٠

20}*Rabbiin isa kan waan isin jettan dhagayee waan isin dalaydan argu.

۞أَوَلَمۡ يَسِيرُواْ فِي ٱلۡأَرۡضِ

*Si ormi kuffaaraa waan isaan dura dabreen gorfamu`uuf jecha,dachii tanarra oli gad hin deemanii ?

فَيَنظُرُواْ

*Duuba hin laalanii ?

كَيۡفَ كَانَ عَٰقِبَةُ ٱلَّذِينَ كَانُواْ مِن قَبۡلِهِمۡۚ

*Akka boodden, warra Rabbitti kafare,kan isaan dura dabree, taate ,kan akka ummata{ iram } jeamuu . kan isaan ergamoota Rabbii kijibsiifnan , Rabbiin lafarraa fixe.

كَانُواْ هُمۡ أَشَدَّ مِنۡهُمۡ قُوَّةٗ

*Ummanni sun, warra nabi Muhammad kijibsiiserra jajjaboo humnaafii , waan biralle' een .

وَءَاثَارٗا فِي ٱلۡأَرۡضِ

*Gama waan dalaganiitinis ummata santu ,kuffaara makkaa, kan nabi Muhammad kijibsiiserrajaboo . kan faanti waan isaan jaaranii.kan akka galma dhaga`aa ,gurguddoon, bakka hedduuu , rnulattu

فَأَخَذَهُمُ ٱللَّهُ

*Duuba Rabbiin lafarraa isaan fixe.

بِذُنُوبِهِمْ

*Sababaa cubbuu isaan dalaganiitif sababaa isaan, diin Rabbii qeebaluu didanii , ergamoota isaa kijibsiisaniif.

وَمَا كَانَ لَهُم مِّنَ ٱللَّهِ مِن وَاقٍ ﴿٢١﴾

**21}***Duuba jarri sun, nama azaaba Rabbirraa isaan eegu,hin arganne. hin argatanillee.

ذَٰلِكَ

*Wanni lafarraa isaan fineef sababaan .

بِأَنَّهُمْ كَانَت تَّأْتِيهِمْ رُسُلُهُم بِٱلْبَيِّنَٰتِ

*Ergamoota nuti isaanitti ergineetu . mukgjizaa mulattuuun , isaanitti dhufee

فَكَفَرُوا۟

*Mukgjizaa, yookaa karaamaa rabbiin ergamootaa kenne, tan akka ergamoota Rabbii tayan, beysiftu qeebaluu didanii , isin ergamoota Rabbiitii mitii, nuti Rabbii is in jettan, hin beynu, je`anii .Rabbi moromanii kafaran

فَأَخَذَهُمُ ٱللَّهُ

*Duuba Rabbiin isaan fixe.

إِنَّهُۥ قَوِىٌّ

*Rabbiin jabaa waa takka isa hin dadhabsiifnee.

شَدِيدُ ٱلْعِقَابِ ﴿٢٢﴾

22}*Kan nama isatti kafare ,kan irraan deebiin , qixaaxa jabaa qixaaxu . duuba kuffaarri ammaa , waan kuffaara duritti argaameen haa gorfamuu. azaabni ummata duritti Rabbiin buuse isaanirraa fagoon jiruu sossoo' insi tokkichi dachii isaanin sos soosu'uu lafarraa isaan fixaa.

وَلَقَدْ أَرْسَلْنَا مُوسَىٰ بِـَٔايَٰتِنَا

*Nabi muusaa , mukgjizaa yookaa karaamaa sagaliifiin

وَسُلْطَٰنٍ مُّبِينٍ ﴿٢٣﴾

23}*Ragaa akka inni ergamaa Rabbii taye mul'isu,kennineetif ergine .

إِلَىٰ فِرْعَوْنَ وَهَٰمَٰنَ وَقَٰرُونَ

*Firkgawna mootii misgraatifii qundaala isaa haamaanifii , dureessa isaa qaaruunitti erginee jirra . duuba itti dhaqeeti nabi Muussan, an ergamaa isin qajeelchu'uuf , Rabbiin isinitti na ergee akkan an ergaa isaa taye , mukgjizaa naa kennee jiraa na dhugoomsaa jeeen jennaan. mee mukgjizaan tee? jeaniin jennaan ulee waa hunda dalayduufii , harka isaa kan ifu garsiise

فَقَالُوا۟

*Garsiifnan .wanni isaan jean :

سَٰحِرٌ كَذَّابٌ ﴿٢٤﴾

24}*Muusan falfalaa kijibaaa ittin amaninaa waliin jeaniinii qeebaluu didan.

فَلَمَّا جَآءَهُم بِٱلۡحَقِّ مِنۡ عِندِنَا
*Duuba Rabbiin akki je'e , jarri sun hoggaa muusan haqaan.dhugaaan nurraa ergamee isaanitti dhufu .

قَالُواْ ٱقۡتُلُوٓاْ أَبۡنَآءَ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ مَعَهُۥ
*I1maan warra muusa'atti amanee, waan dhiira taye hunda ajjeessa'aa

وَٱسۡتَحۡيُواْ نِسَآءَهُمۡۚ
*Dhalaa isaanii dhiisaaje'an akka gaafa nabi muusan dhalate ilmaan israa'iil fixuu turan. ajjeechan amma inni itti ajaje tun,ta durii mitii haaraya. Maalif firkgawna eega bara muusan dhalateetii .dhiira ummata israa'iil, ajjeessee, dhalaa isaanii jiraachisuu ni dhiise,amma san eega muusan ergamee itti deebise, duuba rabbiin balaa hedduu itti ergee, booda keessa isaan fixe.

وَمَا كَيۡدُ ٱلۡكَٰفِرِينَ إِلَّا فِي ضَلَٰلٖ ٢٥
25}*Malli hamaan kuffaarri namatti yaadu, badi'itti kuffaara san geessa malee ,waa takka isaan hin fayyaduu.

وَقَالَ فِرۡعَوۡنُ
*Firkgawna ummata isaatin akki je'e:

ذَرُونِيٓ أَقۡتُلۡ مُوسَىٰ
*Muusaa kana nan ajjeessaa itti na dhiisaa,irraa nan dhoowwinaa je'e, maalif isaan muusaa ajjeessu'urraa dhoowwuu turanii, tanaaf nan ajjeessaa na dhiisaa je'e,

وَلۡيَدۡعُ رَبَّهُۥٓۖ
*Mee rabbii isaa.kan isa ajjeesu'urraa na dhoowwu, ha yaammatuu,

إِنِّيٓ أَخَافُ أَن يُبَدِّلَ دِينَكُمۡ
*An wannin sodaadhu yoon ajjeessuu baadhe,diin keessan jirjiiruina ibaaduu dhiiftanii.Rabbii tokkicha ibaaddanii gabbartanii isa jala deemu'un sodaadha.

أَوۡ أَن يُظۡهِرَ فِي ٱلۡأَرۡضِ ٱلۡفَسَادَ ٢٦
26}*Takkaa rabshaa.yookaa girgiirii . biyya keessatti buusee,ajjeechaaafii wal diddaa facaasu'un sodaadhaa, nan ajjeessaa itti na dhiisaa je`e .

وَقَالَ مُوسَىٰٓ
*Nabi muusan dhageenyan wanni jee .

إِنِّي عُذۡتُ بِرَبِّي وَرَبِّكُم
*An Rabbii kiyyaafii.keessani ittin maganfadha

مِّن كُلِّ مُتَكَبِّرٖ
*Nama haqarraa if guddisu kan haqa malee nama miidhu , hundarraa ,

لَّا يُؤۡمِنُ بِيَوۡمِ ٱلۡحِسَابِ ٢٧
27}*Kan qiyaamaatti Rabbitti maganfadha. Je`e .hin amanne. hundarraan,

وَقَالَ رَجُلٌ مُّؤْمِنٌ مِّنْ ءَالِ فِرْعَوْنَ

*Namichi tokko kan warra firkgawnarraa taye, kan akka je'anitti ilma adeera yookaa abbeeraa isaa taye, kan nabi muusa'atti amanee,

يَكْتُمُ إِيمَٰنَهُۥٓ

*Akka mu'mina taye warra firkgawnarrna dhoysu, firkgawna muusaa ajjeessu'uu muratee,dhageenyan firkgawnafii warra isaan wajji jiruun akki je'e:

أَتَقْتُلُونَ رَجُلًا أَن يَقُولَ رَبِّىَ ٱللَّهُ

*Si nama dilii hin qabni ajjeeftanii? Innumti waaqni kiyya,rabbii je'eedhaf

وَقَدْ جَآءَكُم بِٱلْبَيِّنَٰتِ مِن رَّبِّكُمْ ۖ

*Kan mukgjizaa mul'atu'uun akka inni ergamaa rabbii taye, rabbii keessanirraa isinittiin dhufe?

وَإِن يَكُ كَٰذِبًا فَعَلَيْهِ كَذِبُهُۥ ۖ

*Yoo waan je'u keessatti kan kijiba dubbatu taye ,balaan yookaa dararaan kijiba isaa isumarratti dhaabbatii takkaa isatti deebitii .

وَإِن يَكُ صَادِقًا

*Yoo kan dhugaa dubbatu tayee duuba isa miitan.

يُصِبْكُم بَعْضُ ٱلَّذِى يَعِدُكُمْ ۖ

*Gariin azaaba inni, isin tuqa je'ee, baallama isinii seenee, daddafeeti isin tuqaa, hundilleen isin tuquu baatuu, dhi isaa hin ajjeesinaa .

إِنَّ ٱللَّهَ لَا يَهْدِى مَنْ هُوَ مُسْرِفٌ

*Rabiin nama dilii keessa wasana baye

كَذَّابٌ ﴿٢٨﴾

28}*Kijibaa hin qajeelchuu.

يَٰقَوْمِ لَكُمُ ٱلْمُلْكُ ٱلْيَوْمَ

*Yaa lammii tiyya, ar'a isin mootummaa qabdanii,

ظَٰهِرِينَ فِى ٱلْأَرْضِ

*Biyya misrarratti. nama hunda injifattanii, mootanii ,nama hundaa ol taatanii .

فَمَن يَنصُرُنَا مِنۢ بَأْسِ ٱللَّهِ إِن جَآءَنَا ۚ

*Eenyu namni azaaba rabbi nurraa deebisu, yoo nabiyyii isaa ajjeeftanii nutti dhufe. namni nurraa deebisuu hin jiruu, hin ajjeesinaa akka azaabni rabbii isinitti hin buune je'een ,

قَالَ فِرْعَوْنُ

* Jennaanin firkgawna wanni ummata isaatm Je e: '

| | |
|---|---|
| * An waan ifiin je'u malee waan biraa isiniin hin je'u,waanin argu malee waan biraa is in hin agarsiisu, sun muusaa ajje esu'uu. | مَآ أُرِيكُمۡ إِلَّا مَآ أَرَىٰ |
| 29}*An karaa qajeelaa malee, karaa biraa isin hin qajeelchu . | وَمَآ أَهۡدِيكُمۡ إِلَّا سَبِيلَ ٱلرَّشَادِ ٢٩ |
| *Ammas inni ummata firkgawnarraa amane sun, dubbii itti deebi'ee, akki firkgawnafii, ummata isaatin je'e | وَقَالَ ٱلَّذِيٓ ءَامَنَ |
| *Yaa ummata kiyya an isiniifan sodadha. | يَٰقَوۡمِ إِنِّيٓ أَخَافُ عَلَيۡكُم |
| 30}*Azaaba akka azaaba guyyaa ummata heddu'uu kanneen,anbiyoota isaanii kijibsiisu'urratti,walii galanii ,rabbiin azaaban fixe,azaaba akkasiitan isinii sodaadhaa. | مِّثۡلَ يَوۡمِ ٱلۡأَحۡزَابِ ٣٠ |
| *Akka azaaba,aadaa, warra .ummata nuuhirraa kafaree | مِثۡلَ دَأۡبِ قَوۡمِ نُوحٖ |
| * Ammallee akka aadaa warra ummata { aadifii samuudirraa } kafaree | وَعَادٖ وَثَمُودَ |
| *Ammallee jazaa akka warra , isaan booda dhufee, Rabbitti kafaree, kan addunyaarratti Rabbiin lafarraa fixee ,qixaaxa akkasiitan isinii sodaadhaa , waan kaataniifirraa dhaabbadhaa dilii teessaniif baddanii . | وَٱلَّذِينَ مِنۢ بَعۡدِهِمۡۚ |
| 31} *Rabbiin diliiin malee, gabroottan isaa hin qixaaxuu | وَمَا ٱللَّهُ يُرِيدُ ظُلۡمٗا لِّلۡعِبَادِ ٣١ |
| 32} *Yaa ummata kiyya an azaaba guy- | وَيَٰقَوۡمِ إِنِّيٓ أَخَافُ عَلَيۡكُمۡ يَوۡمَ ٱلتَّنَادِ ٣٢ |

yaa qiyaamaaatan , isiniif sodaadha. guyyaa walitti lallabuun heddommaatu maalif gaafas warri jannataa warra ibidatti lallabaa.warri ibiddaatis warra jannatatti lallaba. hundi waan Rabbiin, nuu odeesse ,dhugaa tayuu, gartanii mitii, waliin jean . duuba azaaba guyyaa saniitan isi nii sodaadhaa .

| | |
|---|---|
| *Guyyaa dirree qiyaamaarraa, yaatan takkaa garagaltan. | يَوۡمَ تُوَلُّونَ |
| *Dirree qiyaamaatti dudda galtanii, gara azaaba ibiddaa yaatan . | مُدۡبِرِينَ |

| | |
|---|---|
| *Kan wanni azaaba Rabbirraa, isin dhoowwu , isiniif hin jirre . | مَا لَكُم مِّنَ ٱللَّهِ مِنْ عَاصِمٍۗ |
| 33} *Namni Rabbiin jallise nama isa qajeelchu hin qabu | وَمَن يُضْلِلِ ٱللَّهُ فَمَا لَهُۥ مِنْ هَادٍ ٣٣ |
| *Isin yaa warra misgraa, muusaa dura nabi yuusuf mukgjizaa rnulattu'uun isinitti dhufee jira | وَلَقَدْ جَآءَكُمْ يُوسُفُ مِن قَبْلُ بِٱلْبَيِّنَٰتِ |
| *Haa tayuu,abbootin teessan , waan isaanittiin dhufe.shakkuurraa hin deemne hanga inni isaan keessa jiru itti amanuu dhabanii | فَمَا زِلْتُمْ فِى شَكٍّ مِّمَّا جَآءَكُم بِهِۦۖ |
| *Ammoo inni duee dabarraan . | حَتَّىٰٓ إِذَا هَلَكَ |
| *Ragaadhan maleetti wannijettan. | قُلْتُمْ |
| *Eega yuusufii, rabbiin nabiyyii biraa hin ergu jettan isin akkuma gaafa yuusuf jiru itti kafartan eega inni dueeyis, isaafii, nama birattillee kafartan . | لَن يَبْعَثَ ٱللَّهُ مِنۢ بَعْدِهِۦ رَسُولًاۚ |
| * Akka isin jallisetti . | كَذَٰلِكَ |
| *Rabbiin nama isatti waa qindeesse . | يُضِلُّ ٱللَّهُ مَنْ هُوَ مُسْرِفٌ |
| 34}*Kan waan Rabbiin ragaa , mukgjizaa irratti dhaabe, shakku, yookaa mamu jallisa . | مُّرْتَابٌ ٣٤ |
| *Isaan warra mukgjizaa Rabbii moromu . yookaa didu . | ٱلَّذِينَ يُجَٰدِلُونَ فِىٓ ءَايَٰتِ ٱللَّهِ |
| *Ragaa isaanii dhufeen maleetti akkanumatti falman . qeebaluu didanii . | بِغَيْرِ سُلْطَٰنٍ أَتَىٰهُمْۖ |
| *Moromaan isaanii Rabbi biratti dallansuu guddoo,fiddi isiin cubbuu guddoo, dallansuu guddoo fiddu . | كَبُرَ مَقْتًا عِندَ ٱللَّهِ |
| *Warra Rabbitti amane birattis dallansuu guddoo, cubbuu guddootti lakkaawamtu | وَعِندَ ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ۚ |
| *Akka jara sanjallisetti . | كَذَٰلِكَ |
| *Rabbiin jallinaan qadaada | يَطْبَعُ ٱللَّهُ |
| 35} *Qalbii nama iimaanarraa if guddisee namatti roorrisu mara cufa . je'een | عَلَىٰ كُلِّ قَلْبِ مُتَكَبِّرٍ جَبَّارٍ ٣٥ |

| | |
|---|---|
| *Jennaanin firkgawna akki jee : qonda-ala isaa yaamee .maqaan isaa { haama-anii } | وَقَالَ فِرْعَوْنُ |
| *Yaa { haamaan } seree dheertuu , naa jaari . takkaa jaarmaya dheera naa jaari ,riqicha naa jaari yookaa sullama naa jaan. | يَٰهَٰمَٰنُ ٱبْنِ لِى صَرْحًا |
| 36}*Karaa samiittiin 01 bayu .takka-ayuu karaa sarniittiin koraniinan samii gayee | لَّعَلِّىٓ أَبْلُغُ ٱلْأَسْبَٰبَ ﴿٣٦﴾ أَسْبَٰبَ ٱلسَّمَٰوَٰتِ |
| *Gara Rabbii muusaaatin bayaa. | فَأَطَّلِعَ إِلَىٰٓ إِلَٰهِ مُوسَىٰ |
| *An wannin seyu muusan si ,maleedh-an Rabbi qaba jechuu keessatti akka kijiba dubbatun isa seyaa. yookaa yaadaa . | وَإِنِّى لَأَظُنُّهُۥ كَٰذِبًا |
| *Akkasitti firkgownatti ,dalagaan ham-tuun inni dalagu bareefamtee | وَكَذَٰلِكَ زُيِّنَ لِفِرْعَوْنَ سُوٓءُ عَمَلِهِۦ |
| *Karaa qajeellaarraa mage yookaa dho-owwame | وَصُدَّ عَنِ ٱلسَّبِيلِ |
| 37}*Malli haamaan, firkgowna muus-a'atti yaade.hundi, waan biraatii mitii, waan khasaaraatti isa geessu { tabaab } jachuu: badiii . | وَمَا كَيْدُ فِرْعَوْنَ إِلَّا فِى تَبَابٍ ﴿٣٧﴾ |
| * Ammas inni ummata firkgownarraa amane sun, akki jee , | وَقَالَ ٱلَّذِىٓ ءَامَنَ |
| *Yoo ummata kiyya: najala deemaa waanan an isiniin jeu , dhagayaa. | يَٰقَوْمِ ٱتَّبِعُونِ |
| 38} *Karaa diriiraa nagayaan , jannat-atti isin geessun isin qajeelchaa. | أَهْدِكُمْ سَبِيلَ ٱلرَّشَادِ ﴿٣٨﴾ |
| *Yaa ummata kiyya : jiruun addunya`aa tun miya xiqqaa hin teenye . kan dhab-amu. waa xiqqo itti qananianiiti ,eegasii deemti ,takkaa irraa deemanii .takkaa namarraa deemti . | يَٰقَوْمِ إِنَّمَا هَٰذِهِ ٱلْحَيَوٰةُ ٱلدُّنْيَا مَتَٰعٌ |
| *Ammoo manni aakhira`aa | وَإِنَّ ٱلْءَاخِرَةَ |
| 39} *Isa manni ragga'u, kan irraan go- | هِىَ دَارُ ٱلْقَرَارِ ﴿٣٩﴾ |

daanne, kan namarraan godaanne,

| | |
|---|---|
| مَنْ عَمِلَ سَيِّئَةً فَلَا يُجْزَىٰٓ إِلَّا مِثْلَهَا | *Namni waan hamtu dalage,likkuma dalagaa isaatitti qixaaxama malee, qixaan'i ittin ida'amu. akka yoo waan gaarii takkittii dalage , sawaaba kudhan argatutti, yoo waan hamtu takka dalage .qixaan'i kudhan ittin godhamu. |
| وَمَنْ عَمِلَ صَٰلِحًا مِّن ذَكَرٍ أَوْ أُنثَىٰ | *Namni waan gaarii dalage, dhiira tayuu dhalaa tayu. |
| وَهُوَ مُؤْمِنٌ | *Isaa rabbii tokkichatti amane , , |
| فَأُوْلَٰٓئِكَ يَدْخُلُونَ ٱلْجَنَّةَ | *Isaan warra jannata seenu, |
| يُرْزَقُونَ فِيهَا بِغَيْرِ حِسَابٍ ﴿٤٠﴾ | **40}** *Isaan jannata keessatti rizqii likkii hin qabne argatanii, mana aakhira'aatif dalagaa. |
| ۞ وَيَٰقَوْمِ مَا لِىٓ أَدْعُوكُمْ إِلَى ٱلنَّجَوٰةِ | *Yaa ummata kiyya maal ajaaibni akkanaa , kanin an gara jannataa, gara ibid darraa nagaya bayu'utti isin yaamu |
| وَتَدْعُونَنِىٓ إِلَى ٱلنَّارِ ﴿٤١﴾ | **41}** *Kan isin ammoo gara ibidda na yaamtan |
| تَدْعُونَنِى لِأَكْفُرَ بِٱللَّهِ | *Isin rabbii guddaa moromu'utti , |
| وَأُشْرِكَ بِهِۦ مَا لَيْسَ لِى بِهِۦ عِلْمٌ | *Waan inni uume isatti qindeessu'utti waan shariika , yookaa hiriyaa rabbi tayuu,an hin beyne rabbitti qindeessu`utti , na yaamtan sun waan ibiddatti nama geessuu . |
| وَأَنَا۠ أَدْعُوكُمْ إِلَى ٱلْعَزِيزِ | *An rabbi waa hundi harka isaa jirtu |
| ٱلْغَفَّٰرِ ﴿٤٢﴾ | *Kan nama balleessa`arraa deebi`e hundaaf araaramutti amanu'uttin isin yaamaa, haalli kiyyaafii keessan adda fago' |
| لَا جَرَمَ | *Wanni shakkii yookaa maman qabne, |
| أَنَّمَا تَدْعُونَنِىٓ إِلَيْهِ | *Wanni itti na yaarntan, kan waaqa dachi'ii samii uumetti qixxeessii ibaadi, yookaa gabbari naan jettan |

لَيۡسَ لَهُۥ دَعۡوَةٞ فِي ٱلدُّنۡيَا وَلَا فِي ٱلۡأٓخِرَةِ

*Addunya'aa aakhira'atti, shafaaaa hin qabdu takkaa waan ibaadaa haqa godhatuu miti,tanaaf jecha waan isin itti na ya amtan hin dhagayuu

وَأَنَّ مَرَدَّنَآ إِلَى ٱللَّهِ

*Deebin teenya, eega duunee,gara rabbiiti isaatu wahayyurraa nu gaafata .

وَأَنَّ ٱلۡمُسۡرِفِينَ

*Warri rabbitti kafare ,

هُمۡ أَصۡحَٰبُ ٱلنَّارِ ٤٣

**43}** *Isaan warra ibiddaati .

فَسَتَذۡكُرُونَ مَآ أَقُولُ لَكُمۡۚ

*Waanin an isiniin je'u kana hoggaa azaaba isinitti bu'e , akka dhugaa taye, beekhu'uuf teessan

وَأُفَوِّضُ أَمۡرِيٓ إِلَى ٱللَّهِۚ

*An dubbii tiyya rabbittin khenadhaa, isattin irkadhaa, isaatu balaa teessan narraa qaba.

إِنَّ ٱللَّهَ بَصِيرُۢ بِٱلۡعِبَادِ ٤٤

**44}***Rabbiin, waan gabroottan isaa dalagu, hunda ni argaa.

فَوَقَىٰهُ ٱللَّهُ

*Duuba rabbiin namicha san ,najaa baase,hoggaa ormi firkgawnaa diinaa keenya dhiiftee je'anii itti ka'an.

سَيِّـَٔاتِ مَا مَكَرُواْۖ

*Waan hamtuu isaan isa godhu'uu ka'an , jalaa najaa isa baase. isaan isa ajjeessu'uu kaanan ajjeechaa isaanii jalaa isa baase, dheeysee duraa gaara seenee .

وَحَاقَ بِـَٔالِ فِرۡعَوۡنَ

*Duuba aalii firkgawnatti ni bu'e.

سُوٓءُ ٱلۡعَذَابِ ٤٥

45}*Azaabni hamaan , sun bahar isaan hamaan, sun bahar isaan

ٱلنَّارُ يُعۡرَضُونَ عَلَيۡهَا

*Eega du'anii, qabri'itti ibiddaan waaddamu'uuf irra fidaman.

غُدُوّٗا وَعَشِيّٗاۖ

*Ganamaa galgala.

وَيَوۡمَ تَقُومُ ٱلسَّاعَةُ

*Ammoo gaafa qiyaaman dhaabbatte,

أَدۡخِلُوٓاْ ءَالَ فِرۡعَوۡنَ

*Wanni malaayka'aan je'amu :aalii firkgawna seensisaa.

أَشَدَّ ٱلْعَذَابِ ﴿٤٦﴾

46} *lrra jabaa yookaa hamaa ibiddaa takkaa yaa aalii firkgawnaa ibidda hamaa seenaa isaanin je'ama sun jahannamii

وَإِذْ يَتَحَآجُّونَ فِى ٱلنَّارِ

*Gaafa kuffaarri,warri Rabbi morome ,ibidda seenanii, ibidda keessatti, wal moroman dubbadhu .

فَيَقُولُ ٱلضُّعَفَٰٓؤُا۟ لِلَّذِينَ ٱسْتَكْبَرُوٓا۟

*Gaafas warri lallaafan, ibidda seene , warra jajjabaa gurguddaa,ibiddaa, seenen wanni je`u .

إِنَّا كُنَّا لَكُمْ تَبَعًا

*Nuti maayyii teessanii, isin jala deemnee kafarree , ibidda kana seennee

فَهَلْ أَنتُم مُّغْنُونَ عَنَّا

*Mee isin nurraa deebiftuu ,takkaa nu wajji ba`attuu .

نَصِيبًا مِّنَ ٱلنَّارِ ﴿٤٧﴾

47} * Azaaba nuti keessa jirru kanarraa, qooda tokko nu gargaartuu jeaniin akka isaan waa takka isaanii hin tarre ni beekhanii . haatayuu laalessuuuf gaafatan

قَالَ ٱلَّذِينَ ٱسْتَكْبَرُوٓا۟

*Jennaanin warri gurguddaan, matootin akki jette .

إِنَّا كُلٌّ فِيهَآ

*Nu hundi wajjumaan ibidda keessa jirraa waan takka isinirraan baannu .

إِنَّ ٱللَّهَ قَدْ حَكَمَ بَيْنَ ٱلْعِبَادِ ﴿٤٨﴾

48}*Rabbiin gabroota isaa jiddu'utti firdii godhee, namuufuu waan haqa godhatu kennee kaafira azaaba seensisee mumina jannata seensisee . jeaniin .

وَقَالَ ٱلَّذِينَ فِى ٱلنَّارِ لِخَزَنَةِ جَهَنَّمَ

*Warri ibidda keessa jim hundi isaanii, walii galee,wanni malaaykaa ibidda keessa dalayduun je`an ,

ٱدْعُوا۟ رَبَّكُمْ يُخَفِّفْ عَنَّا يَوْمًا مِّنَ ٱلْعَذَابِ ﴿٤٩﴾

49} *Mee Rabbii keessan nuu kadhaa haa guyyuma tokko, azaaba kana nurraa laafisuu.

قَالُوٓا۟ أَوَلَمْ تَكُ تَأْتِيكُمْ رُسُلُكُم بِٱلْبَيِّنَٰتِ ۖ

* Jennaanin malaaykan ibiddaa wanni isaaninjette, si ergamoonni Rabbii keessanii, mukgjizaaaan isinitti dhufanii , karaa jannataa isin garsiisanii azaaba kana isin hin sodaachifnee

قَالُواْ بَلَىٰۚ

*Eeyee dhugaa,nutti dhufanii, karaa jannataatifii , karaa ibiddaa adda nuu baasanii jiranii,haa tayuu nuutu dhugoornsuu didee isaan kijibsiise jeaniin.

قَالُواْ فَٱدۡعُواْۗ

*Jennaan malaaykan, wanni jetteen , yoo akkas taate, isin Rabbi kadhaa.nuti kuffaaraf, araara hin kadhannuu

وَمَا دُعَـٰٓؤُاْ ٱلۡكَـٰفِرِينَ إِلَّا فِي ضَلَٰلٍ ٥٠

50}*Du'aa'in kaafiraa waa takka hin fayyadduu lafa badde ta silaa isaanii toltu

---

ta malaaykan isaanii gootuu isiinis achitti hin qeebalamtu . waan Rabbiin azaaba zalaalamiii kuffaa ratti mureef jecha namni isaan shafa'ee ibiddarraa isaan baasu hin jiru . Rabbiin akki jee .

إِنَّا لَنَنصُرُ رُسُلَنَا وَٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ

*Nuti ergamoota keenyafii ,warra nutti amaneef ni tumsina.ni gargaara.

فِي ٱلۡحَيَوٰةِ ٱلدُّنۡيَا

*Addunya'arrattiifii.

وَيَوۡمَ يَقُومُ ٱلۡأَشۡهَـٰدُ ٥١

**51}** *Guyyaa warri raga bayu

---

dhaabbatus isaan gargaarra. guyyaan warri ragaa bayu dhaabbatu : guyyaa qiyaamaaati .warri ragaa bayu : malaaykaa,hanga jiran ,dalagaa nama hundaa eeydee,waan gartee, dhageessee, katabdeen, raga anbiyootaf baatu. akka isaan ergaa Rabbii namatti gees san ammallee kuffaararratti ragaa baatu akka isaan ergaa Rabbii qeebaluu didan ammallee warri gaafas ragaa bayu: anbiyootafii , rnu'rnina ummata kanaati . ummata Muhammadi

يَوۡمَ لَا يَنفَعُ ٱلظَّـٰلِمِينَ مَعۡذِرَتُهُمۡۖ

*Guyyaan qiyaamaaa sun, guyyaa odoo kuffaarri dhiifama kadhatee,hin qeebalamneef. isaan hin fayyanne

وَلَهُمُ ٱللَّعۡـنَةُ

*Isaan warra abaarame . kan Rahgmata Rabbirraa fageeffame .

وَلَهُمۡ سُوٓءُ ٱلدَّارِ ٥٢

**52}** *Isaan warra azaabni aakhira' aa jabaan, isaanifjiru .

وَلَقَدۡ ءَاتَيۡنَا مُوسَى ٱلۡهُدَىٰ

*Dhugumaan nabi muusaaaf qajeelloo kennine. sun kitaaba tawraat jeamuufii ,mukgjizaa ,isiidhan, xilaata isarratti isa gargaarre.

وَأَوۡرَثۡنَا بَنِيٓ إِسۡرَـٰٓءِيلَ ٱلۡكِتَـٰبَ ٥٣

53}*Ilmaan Israaiil kenneen muusan itti ergame,eega muusan duee.kitaaba towraati dhaalchifnee jerra hanga nabi iisan ergamutti

هُدًى *Kitaaba qajeelchu.

وَذِكۡرَىٰ *Kan yaadachiisu.

لِأُوْلِي ٱلۡأَلۡبَٰبِ ﴿٥٤﴾ 54} *Warra aylii qajeello'oo qabu .

فَٱصۡبِرۡ *Yaa ergamaa kiyya Muhammad cinqii diin kiyya, nama barsiisuu keessatti, si mudattu, obsii ba'adhu. siif dirmannaa.

إِنَّ وَعۡدَ ٱللَّهِ حَقّٞ *Baallamni , an, awliyaa kiyya, gargaaru'uuf seene ,haqaa, ni dhufaa. siifii warri sitti amanelleen obsaa,dirmachuu rabbi eeggadhaa

وَٱسۡتَغۡفِرۡ لِذَنۢبِكَ *Dilii teetif odoo kan sirraa diIIin hin argamnillee taatee ,araara rabbirraa barbaadi. akka ummanni kee, sirratti laallatee ,istighfaara godhuuf, takkaa dilii ummata keetitiif. Istighfaara godhe jechu'u. maalif mu'tamanni anbiyoonni dilii xiqqo'oofii guddo'orraa, eega ergamaniifii, ergaa durallee tiyfamo'o. wanni isaanirraa arga mu sura'aatu dilii fakkaata malee, dili'ii miti. Nabi muhammad ummata isaatif araara barbaadun addunya'arratti. Ammallee qabrii keessatti, dilii ummata isaatif araara rabbi khadhatuun guyyaa qiyaama'aatis araara ummata is aatii barbaadun waan hadiisa fayyaa qabuun beekkamee jiru. qabrii keessatti dalagaan irra fidamtii nama balleessef araara barbaadan.

وَسَبِّحۡ بِحَمۡدِ رَبِّكَ *Salaati , rabbii keetif galata galchu'uun wajji'.isa faarsu'uun wajji .

بِٱلۡعَشِيِّ *Zuhri'irraa qabii ,hanga subhi'itti zuhri'iifii, kgasgrii, maghribaa, kgishaa'ii salaati jechu'.

وَٱلۡإِبۡكَٰرِ ﴿٥٥﴾ 55} *Ammallee hoggaa jalaan bariyu subhii salaati akkanatti salaata shanan salaatan.takkaa makgnaan {sabihg} jechu'uu ganamaa gal gala, waytuma hunda zikrii godhii, rabbii kee , waan isaan hin mallerraa qulqulleessi, jechu'u

إِنَّ ٱلَّذِينَ يُجَٰدِلُونَ فِيٓ ءَايَٰتِ ٱللَّهِ *Warri qur'aana rabbii, aayata isaa moromu, dura dhaabbatu,

بِغَيۡرِ سُلۡطَٰنٍ أَتَىٰهُمۡ *Kan ragaa isaanii dhufe,ittin qabne , aayata rabbii dura dhaabbatu'urratti, raga qabaatun hin mijjaayuu.

إِن فِى صُدُورِهِمْ إِلَّا كِبْرٌ

*Garaa, qoma isaanii keessa, siin murkuu malee, sitti if guddisuu malee, wanni biraa hin jirtu .

مَّا هُم بِبَـٰلِغِيهِ

*Isaan hammeenya, yaadan sirra aanu'uu deemaniifsan, hin argatanii, balaan isaanii, isaanumatti deebitii,

فَٱسْتَعِذْ بِٱللَّهِ

*Balaa isaanirraa rabbitti maganfadhu

إِنَّهُۥ هُوَ ٱلسَّمِيعُ ٱلْبَصِيرُ ﴿٥٦﴾

56}*Rabbiin kan waan isaan jean dhagayuu kan waan isaan dalagan arguu.

ati isumatti dheeysi. tanaaf jecha namni waan sodaatu takka arge, wanni je'uun barbaadamu: ( اللـهم انـا نجعلـك في نحـورهم ونعـوذ بـك مـن شـرورهم )

{Allaahumma { innaa najkgaalka fii nuhguurihgim wa nakguuthu bika min shuruurihim} jechu' .makgnaan isaa :yaa rabbi waan sodaannu kana danqaraa khokkee isaaniti si goona balaa isaanirraa sitti maganfannaa jechu' .

لَخَلْقُ ٱلسَّمَـٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ

*Sami'iifii ,dachii uumu'uutu kan wahirratti hin laallatin, jalqabee uumu'uutu

أَكْبَرُ مِنْ خَلْقِ ٱلنَّاسِ

*Nama uumu'urra gudda'a, ammallee

ammallee nama eega duee jiraachisee kaasu'urra guddaadha. akka yaada namatti. akka namatti baasa baasu'uutu, waa wahirratti laallatanii tolchu'urra jabaata, ammas waan bade deebisu'uutu, waan hin jirri, jalqabu'urra laafa. Kun nama biratti. ammoo rabbi biratti, tan jalqabee uumufii, tan deebisee uumu, wal qixa. maalif rabbiin yoo waa uumuu fedhe, {taye} je'aanii, wanni sun hoggasuma taati .

وَلَـٰكِنَّ أَكْثَرَ ٱلنَّاسِ لَا يَعْلَمُونَ ﴿٥٧﴾

57}*Haa tayuu irra hedduun namaa san hin beekhu. isaan akka balla'aati namni san beekhu akka nama waa arguuti.

وَمَا يَسْتَوِى ٱلْأَعْمَىٰ وَٱلْبَصِيرُ

*Namni waan agarre balla'aafii, namni waa argu wal hin qixxaatu. akkuma namni waa beekhufii.namni waan beyne wal hin qixxaanne .

وَٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ وَعَمِلُوا۟ ٱلصَّـٰلِحَـٰتِ

* Ammas warri rabbitti amanee,waan gaarii dalageefii, warri toleefii,

وَلَا ٱلْمُسِىٓءُ

*Namni hamaan war qixaa miti

قَلِيلًا مَّا تَتَذَكَّرُونَ ﴿٥٨﴾

58}*Gorfamuun keessan akkaan,waa xiqqo'. Aakhiraa Yaadatuun keessan , waa xtqqo ,

إِنَّ ٱلسَّاعَةَ لَآتِيَةٌ لَّا رَيْبَ فِيهَا

*Qiyaaman ni dhufti sun waan mamni keessan jirre . waan shakkiin qabne .

وَلَٰكِنَّ أَكْثَرَ ٱلنَّاسِ لَا يُؤْمِنُونَ ٥٩

59}*Haa tayuu irra heduun narnaa, akka qiyaaman dhuftu hin dhugooornsan ni dhuftii hin yaadan wallaalaf.

وَقَالَ رَبُّكُمُ ٱدْعُونِىٓ

*Rabbiin keessan waan haajamtan hunda, waan addunya'aa tayu, kan aakhira'aa tayuu,waan xiqqoo taatuu guddoo taatuu na khadhaa je'e

أَسْتَجِبْ لَكُمْ

*Isiniifin qeebalaa .waan kadhattanan isinii kennee.yoo rabbi waa kadhatan waa namaa kennuu hin oolu. takkaa waan kadhatan san namaa kenna. Takkaa dili i namaa dhiisa. takkaa waan biraati namaa kenna. waan santu isaaf tolaa beekhee. Yookaa ol namaa kaaya. Yoo sharxiin du'aa'in qeebalamtuun argamte.sharxii sanirraa, weytii kadhatu, qalbii gara rabbii gara galchuu, hanga rabbi malee, wanni biraa qalbii isa a keessa hin dhufnetti. ammallee rabbiin rahgima isaa isa rraa kutuu kadhatuu dhabuu. Ammallee jarjarfatuu dhabu. ammallee rabbiin naaf qeebalaa yaaduu ,muratee. bismila'aafii, faaruu rabbiitin, sal aata kgalannabiin jalqabee, waan fedhu khadhatee eegasii faaru'uufii salaata kgalannabiifii aalii isarratti rahmata buusuu'uun fixu' yoo sharxiin tun argamte, halaal nyaatee, dhugee uffatu'uun wajji, du'aa'in isaa isaaf qeebalamuu hin ooltu. haa tayuu hogiin, hogguma sani kennaafi. Hogiin booda aansafi tanaaf jecha wanni mu'minarra jiru waan khadhatu kha dhatee, qeebaluu rabbitti dhiisuu. akka fedhette waytii fedhe haa qeebaIuu, wayti'iifii, bakka du'aa'in daftee itti qeebalamtuutu jira sanirraa salaata fardi'ii boodafii halkan keessa. kakgbaa madiidhatti khadhatuu, takkaa makgnaan {udkguunii astajib} jechu'uu: na ibaadaa tokkummaa tiyya yaadaa, ibaadaa teessan, isiniifan qeebalaa jachu'u. tanaaf rabbiin akki je'e:

إِنَّ ٱلَّذِينَ يَسْتَكْبِرُونَ عَنْ عِبَادَتِى

*Jarri ibaadaa tiyarraa, tokkummaa tiyya yaadu'urraa if guddisu .

سَيَدْخُلُونَ جَهَنَّمَ

*Ibidda jahannam seenu'uujiraatan .

دَاخِرِينَ ٦٠

60}*Isaanii xiqqaatu. maalif namni addunya'arratti nabsee isaa guddisu, aakhir a'atti ni xiqqaataa.

ٱللَّهُ ٱلَّذِى جَعَلَ لَكُمُ ٱلَّيْلَ

*Rabbiin gabbaruu,haqa godhatu ,isa halkan isiniifuume. dukkaneessee .

| | |
|---|---|
| لِتَسْكُنُوا فِيهِ | * Akka isa keessa, dalaga'arraa, hara baafattaniif |
| وَالنَّهَارَ مُبْصِرًا | *Kan guyyaa ifaa godhee isinii uume . akka isa keessa deemtanii waan jira-attaniin dalagattaniif. |
| إِنَّ اللَّهَ لَذُو فَضْلٍ عَلَى النَّاسِ | *Rabbiin kan namaaf arjoornu .kan wa-an isaan itti haajaman hunda, isaanii kennu |
| وَلَٰكِنَّ أَكْثَرَ النَّاسِ لَا يَشْكُرُونَ ﴿٦١﴾ | 61}*Haa tayuu irra hedduun namaa wa-an rabbiin isaanii kennerratti galata isa-af' hin galchan,ittin amanan. |
| ذَٰلِكُمُ اللَّهُ رَبُّكُمْ | *Inni waan dubbanne dalage sun, rabbii keessanii , |
| خَالِقُ كُلِّ شَيْءٍ | *Kan waa hunda uumee, |
| لَا إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ | *lsa malee rabbiin biraa hin jim, |
| فَأَنَّىٰ تُؤْفَكُونَ ﴿٦٢﴾ | 62}*Akkamiin itti amanu'urraa gortan? akkarnitti ibaadaa isarraa gara galtan |
| كَذَٰلِكَ | * Akka jarri kun , ibaada'aafii iimaana rraa gara gale, |
| يُؤْفَكُ الَّذِينَ كَانُوا بِآيَاتِ اللَّهِ يَجْحَدُونَ ﴿٦٣﴾ | 63}*Warri aayata rabbi moromu , iima-anarraa gara galfaman . |
| اللَّهُ الَّذِي جَعَلَ لَكُمُ الْأَرْضَ قَرَارًا | *Waaqni gabbaruu haqa godhatu, isa dachii akka irra teessan isinii godhe mana keessan kan keessa qubattan, haa-lajiru'uutifii, haala du'attillee. Kan gud-dina isi'ii kannaan wajji wanni qabu hin jirre, dandeytii rabbii malee. |
| وَالسَّمَاءَ بِنَاءً | *Kan samii ol fuudhee akka gombisaa manaa godhee uume. kan isin gubbaa jirtu, kan wanni isinirraa qabu hin jirre, dandeytii rabbii malee. |
| وَصَوَّرَكُمْ فَأَحْسَنَ صُوَرَكُمْ | *Rabbiin kan isiin sawwa ree, suuraa teessan waan biraa hundarra tolche. Kan akka suuraa hori'ii isin hin godhin. Kan ol dhaabbattanii deemtan. |
| وَرَزَقَكُم مِّنَ الطَّيِّبَاتِ | *Kan waan qalbiin teessan jaalattu hu-nda isinii uume, yookaa isin razaqe. |

ذَٰلِكُمُ ٱللَّهُ رَبُّكُمْ ۖ

*Kan waan dubbanne dalage sun, wa-aqa keessani.

فَتَبَارَكَ ٱللَّهُ رَبُّ ٱلْعَٰلَمِينَ ﴿٦٤﴾

**64}** *Rabbiin waa hunda uume ,ol taye.

هُوَ ٱلْحَىُّ

*Waaqni,yookaa rabbiin, jiraa duuti isaan hin malle.

لَآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ

*Kan isa malee rabbiin, yookaa waaqni biraa hin j irree

فَٱدْعُوهُ

*Eega rabbiin, kan waa hunda uumee qabu, jechaa beytanii, waan itti haajam-tan hunda, isuma khadhadhaa nama bir-aatii mitii, yookaa isuma ibaadaa jechu'

مُخْلِصِينَ لَهُ ٱلدِّينَ ۗ

*Diinaa keessan isaa qulqulleessaa, isa malee nama biraa gabbaruu dhabu'uun. Waan dalaydan isumaaf dalagu'uun.

ٱلْحَمْدُ لِلَّهِ رَبِّ ٱلْعَٰلَمِينَ ﴿٦٥﴾

65}*Faarun ta rabbii waa hunda uumeti, jecha'aan rabbi faarsa'aa rabbi ibaadaa .

۞ قُلْ إِنِّى نُهِيتُ أَنْ أَعْبُدَ ٱلَّذِينَ تَدْعُونَ مِن دُونِ ٱللَّهِ

*Orma kuffaratiin akki jettu : an waan isin rabbi achitti gabbartan , gabbaru'u-rraa dhoowwame.

لَمَّا جَآءَنِىَ ٱلْبَيِّنَٰتُ

*Gaafa ragaan tokkummaa rabbii, naa dhufe.

مِن رَّبِّى

*Rabbii yookaa waaqa kiyyarraa .

وَأُمِرْتُ أَنْ أُسْلِمَ لِرَبِّ ٱلْعَٰلَمِينَ ﴿٦٦﴾

66} * An qalbii tiyya rabbii waa hunda uumef qulqulleessu'uttin ajajame.

هُوَ ٱلَّذِى خَلَقَكُم مِّن تُرَابٍ

*Rabbiin keessan isa biyye'erraa Ism uume.abbaa keessan aadam biyye'erraa uumu'uun.

ثُمَّ مِن نُّطْفَةٍ

*Kan eegasii ilmaan aadam bishaan dhiiraa dhala'arraa bayee , gadaamessa haadhaa seenurraa uume.

ثُمَّ مِنْ عَلَقَةٍ

*Eegasii dhiiga ititaa isin godhee, isin uumee.

ثُمَّ يُخْرِجُكُمْ طِفْلًا

*Kan eega sanii, isinii teessaniitii ,isin baasu .Joolleedhaa garaa haadha

| | |
|---|---|
| ثُمَّ لِتَبۡلُغُوٓاْ أَشُدَّكُمۡ | *Kan eega sanii ,xiqqo, xiqqoon isin guddisu.akka guutamtanii, bakka geessaniif, barn soddomarraa hanga afurtamatti isin dhiisa. hoggaa san namni waa tara je'amaa |
| ثُمَّ لِتَكُونُواْ شُيُوخٗاۚ | *Eegasii hanga dulloomtanitti, isin dhiisa |
| وَمِنكُم مَّن يُتَوَفَّىٰ مِن قَبۡلُۖ | *Isinirraa nama odoon dulloomne du'uutu jira. takkaa odoon dhallanne du'uutu jira |
| وَلِتَبۡلُغُوٓاْ أَجَلٗا مُّسَمّٗى | *Akka waytii du'aaf qabamte geessaniif .takkaa guyyaa qiyaama'aa geessaniif |
| وَلَعَلَّكُمۡ تَعۡقِلُونَ ٦٧ | 67}*Wanni san hunda waaqni dalageef akka towhiida yookaa tokkummaa isaa ,ammallee dandeytii isaa, beytaniifi akka uumaa teessan laaltaniifi, akka san laaltanii itti amantaniifi. |
| هُوَ ٱلَّذِي يُحۡيِۦ وَيُمِيتُۖ | *Waaqni, isa, isin jiraachisu kan ajjeesu |
| فَإِذَا قَضَىٰٓ أَمۡرٗا | *Inni hoggaa waa argamsiisu fedhe takkaa waa ajjeesuu fedhe . |
| فَإِنَّمَا يَقُولُ لَهُۥ كُن فَيَكُونُ ٦٨ | 68}*Waan argamsiisuu fedhe saniin takkaa dhabamsiisuu fedheen saniin tayi je'aa , hoggasuma taati |
| أَلَمۡ تَرَ إِلَى ٱلَّذِينَ يُجَٰدِلُونَ فِيٓ ءَايَٰتِ ٱللَّهِ | *Si warra qur'aana rabbii moromu hin agarree? |
| أَنَّىٰ يُصۡرَفُونَ ٦٩ | 69} * Akka isaan i irnaanarraa itti gara galan? |
| ٱلَّذِينَ كَذَّبُواْ بِٱلۡكِتَٰبِ | *Warri qur'aana kijibsiise, |
| وَبِمَآ أَرۡسَلۡنَا بِهِۦ رُسُلَنَاۖ | * Ammallee waan ergamoota keenyan ergine. warri kijibsiise, kan akka tawhi idaa .tokkummaa rabbii.guyyaan qiyaama'aa ni dhufaa ,warri dhugo'oomsuu dide. |
| فَسَوۡفَ يَعۡلَمُونَ ٧٠ | 70}*Qixaaxa isaan .waan san kijibsiisu'uu, beekhu'uuf jiraatan, |
| إِذِ ٱلۡأَغۡلَٰلُ فِيٓ أَعۡنَٰقِهِمۡ | *Hoggaa haanni ibidda morma isaanitti hidhamee, |

وَٱلسَّلَٰسِلُ

*Shanshalanni ibiddaa miila isaanitti hidhame,

يُسۡحَبُونَ ﴿٧١﴾ فِي ٱلۡحَمِيمِ

**71}** *Kan haada saniin bishaan danfaa keessa harkifaman.

ثُمَّ فِي ٱلنَّارِ يُسۡجَرُونَ ﴿٧٢﴾

72} *Kan eegasii gosa azaabaa hundaan ibidda keessatti qixaaxaman, gubatan,

ثُمَّ قِيلَ لَهُمۡ

*Duuba eegasii isaanin je'ame,

أَيۡنَ مَا كُنتُمۡ تُشۡرِكُونَ ﴿٧٣﴾ مِن دُونِ ٱللَّهِۖ

73}*Wanni rabbitti qixxeessitanii Rabbii achitti gabbaruu turtan mee eessa jirti ? asnaamni isin rabbii achitti ibaaddan, mee je'aniin .

قَالُواْ ضَلُّواْ عَنَّا

*Duuba, isaan hin agarre nu jalaa badan , je'an.

بَل لَّمۡ نَكُن نَّدۡعُواْ مِن قَبۡلُ شَيۡـٔٗاۚ

*Inumaa nuti duraanuu waan faaydaa qabu hin ibaanne. wanni nuti gabbaruu turre waan hin dhageenye kan nama isii gabbare hin shafaane je'an. takkaa matumaanuu, waa takka hin gabbarre, je'anii waakkatan, wanni isaan gabbaran waa takka hin fayyadduu kijibaa garraan ,

كَذَٰلِكَ يُضِلُّ ٱللَّهُ ٱلۡكَٰفِرِينَ ﴿٧٤﴾

74}*Akkasitti rabbiin kaafira jallisee sanama yookaa muka gabbaran, waan isaanii hin toile kan ibidda hamaa kanatti isaan geesse.

ذَٰلِكُم

*Azaaba yookaa qixaaxa jabaa san isin qixaaxun.

بِمَا كُنتُمۡ تَفۡرَحُونَ فِي ٱلۡأَرۡضِ بِغَيۡرِ ٱلۡحَقِّ

*Sababaa isin, haqaan maleetti addunya'arratti qooyxaniifi ,waan rabbiinje'u dhugo'oomsuu diddanii, rabbitti waa qindeessitanii, qiyaaman hin dhuftu jettanii

وَبِمَا كُنتُمۡ تَمۡرَحُونَ ﴿٧٥﴾

75}*Ammallee sababaa isin dilii yookaa cubbuu dalaydanii gammachuu mul'iftaniifi

ٱدۡخُلُوٓاْ أَبۡوَٰبَ جَهَنَّمَ

*Tanaaf jecha hulaa ibidda jahannam seenaa.

خَٰلِدِينَ فِيهَاۖ

*Isinii zalaalamii,keessa taa'ee gubatu

فَبِئۡسَ مَثۡوَى ٱلۡمُتَكَبِّرِينَ ﴿٧٦﴾

76}*Yaa hameenya bakkee kuffaari qubatuu, sun mana ibiddaati .

فَٱصْبِرْ إِنَّ وَعْدَ ٱللَّهِ حَقٌّ

*Yaa ergamaa kiyya, obsii akkan kuffaara godhu eegi, baallamni kuffaara kana nan qixaaxa je'ee siif seene, haqaa isaan qixaaxuu hin ooluu, addunya'arratti ta yuu, aakhira'atti tayuu

فَإِمَّا نُرِيَنَّكَ بَعْضَ ٱلَّذِى نَعِدُهُمْ

*Yoo azaaba isaanin sodaachifne, ajjeecha'aafii boojiyamu'uufii , abaar isaanitti buufuee, sii jiru, si garsiifne dubbiin tolte,

أَوْ نَتَوَفَّيَنَّكَ

*Takkaa yoo odoo isaan hin qixaaxinati duute, qixaaxa kheenya jalaa hin bayanii beekhi.

فَإِلَيْنَا يُرْجَعُونَ ﴿٧٧﴾

77}*Hundi isaanii gara keenya deebi'anii ,gaafas azaabajabaa isaan qixaanaa

وَلَقَدْ أَرْسَلْنَا رُسُلًا مِّن قَبْلِكَ

*Dhugumaan si dura ergamoota hedduu erginee j irra

مِنْهُم مَّن قَصَصْنَا عَلَيْكَ

*lsaanirraa nama maqaa jira , isaan diiddamii shanii, dhooynee sii odeessineetu

وَمِنْهُم مَّن لَّمْ نَقْصُصْ عَلَيْكَ

*Ammas ergamoota sanerraa nama maqaa dhooynee siin himiniitu jira. qur'aana keessatti, haa tayuu nabi muhammad qur'aana keessatti hin odeessiniifi malee, anbiyootafii ergamoota hunda ni beekha, waan halkan israa'a wajji salaataniif, wanni nabirraa odeeffame: walii galli anbiya'aafii ergamootaa, kum dhib tokkoofii kum diiddamii afuri. Saniraa ergamtoonni dhibba sadiyiifii kudha shani ergamoonni qur'aana keessatti dubbatarnan Aadam , ldriis , Nuuh, Huud , Sgaalihg lbraahiim , Luux , lsmaakgiil ,lshgaaq , Yakgquub ,Yuusuf, Ayyuub, Shukgeyb, Haaruun, Muusaa ,Yasakg, Zulkifl, Daawuud, Suleymaan, I1yaas, Yuunus, Zakariyyaa, Yahgya, Kgiisaa, Muhgammad nageenyi isaan hundarratti haa jiraatu.

وَمَا كَانَ لِرَسُولٍ أَن يَأْتِىَ بِـَٔايَةٍ إِلَّا بِإِذْنِ ٱللَّهِ

*Nabiyyiin tokko , mukgjizaa tokkalle`een dhufuu yookaa fiduu hin dandayu ,yoo rabbiin kenneefii, fiduu eehameef malee. Maalif? Anbiyoonni gabrootaa, gabroonni, waanuma gooftan je'u dalagan malee, waan biraa dalaguu hin qaban

فَإِذَا جَآءَ أَمْرُ ٱللَّهِ

*Firdii, yookaa murtiin rabbii hoggaa dhufte, takkaa mul'atte, kuffaaratti azaabni haa bu'uu jecha'aan, kuffaarri haa qixaaxamuu jecha'aan ,

قُضِيَ بِٱلۡحَقِّ

*Gaafas haqaan firdiin ,ergamtootafii warra isaan kijibsiise jiddu'utti godhamte

وَخَسِرَ هُنَالِكَ

*Gaafas achitti khasaarame hoongaye.

ٱلۡمُبۡطِلُونَ ٧٨

78}*Warri haqa balleesse, kan karaa badaa deeme, badiin isaanii, achitti mu-l'atti jechu. maalif isaan waytuma hunda, san dura khasaaramoodhaa ammoo achitti narnuuf mul'atte .

ٱللَّهُ ٱلَّذِي جَعَلَ لَكُمُ ٱلۡأَنۡعَٰمَ

*Rabbiin kan gaala isinii uume, takkaa beyladaa hunda isinii uume. Gaalafii loon , re'ee, hoolaa ,

لِتَرۡكَبُواْ مِنۡهَا

*Akka garii isi'ii yaabbattanii,

وَمِنۡهَا تَأۡكُلُونَ ٧٩

79} *Garii isi'ii nyaattaniif.

وَلَكُمۡ فِيهَا مَنَٰفِعُ

* Ammallee faaydaa biraatitu hedduun keessa isiniif jira, kan akka aananii, dhadha'aa, goga'aa, rifeensaatu keessa isiniif jira

وَلِتَبۡلُغُواْ عَلَيۡهَا حَاجَةً فِي صُدُورِكُمۡ

*Ammallee isi'irratti fe'attanii , haajaa garaaa qabdan waan biyya takkarraa, takka geeffatuu, feetan geeffattan

وَعَلَيۡهَا

* Ammallee isi'iifii .

وَعَلَى ٱلۡفُلۡكِ تُحۡمَلُونَ ٨٠

80}*Markaba ,yookaa doonii yaabbachiifamtan yoonii yookaa yaabbattan . yoo lafaa gala yaabbattanii yookaa joollee ,yookaa beera yaabbachiiftan .yoo baharaa,doonii yaabbattan .yookaa yaabbachiifamtan .

وَيُرِيكُمۡ ءَايَٰتِهِۦ

*Rabbiin milikkata, yookaa raga dandeytii isaa, tokkummaa isaa, waan isiniif uume keessatti , isin garsiisaa .

فَأَيَّ ءَايَٰتِ ٱللَّهِ تُنكِرُونَ ٨١

81}*Mee ragaa sanirraa kan qeebaluu diddan? beyladaa isiniif uume diddanii? uumaa teessan diddanii? Uumaa dachi`-iiti diddanii.

أَفَلَمۡ يَسِيرُواْ فِي ٱلۡأَرۡضِ

*Si kuffaarri si qeebaluu didu, biyya keessa olii gad hin yaaanii ? takkaan hin yaanee .

| | |
|---|---|
| *Sababaa biyya keessa deddeernu'uutin hin garree hin laallee ? . | فَيَنظُرُواْ |
| *Akka boodden, warra isaan duraa,kan anbiyoota kijibsiise taate . | كَيْفَ كَانَ عَٰقِبَةُ ٱلَّذِينَ مِن قَبْلِهِمْۚ |
| *Kuffaarri isaan duraa ,isaanirra hedduu turan namaafii, horiiifii, waan biralleeen. | كَانُوٓاْ أَكْثَرَ مِنْهُمْ |
| *lsaanirrallee humnaan jajjaboo . | وَأَشَدَّ قُوَّةً |
| * Ammallee isaanirraa dachiirratti waa jaaruu heddommaatan . | وَءَاثَارًا فِي ٱلْأَرْضِ |
| 82} *Duuba wanni isaan qaban ,yookaa dalagan waa takka isaan hin fayyanne. Azaaba isaanirraa hin deebifne .. | فَمَآ أَغْنَىٰ عَنْهُم مَّا كَانُواْ يَكْسِبُونَ ﴿٨٢﴾ |
| *Jarri sun,hoggaa ergamooni nuti isaanitti ergine, mukgjizaa muI'attu'uun isaanitti dhufan , | فَلَمَّا جَآءَتْهُمْ رُسُلُهُم بِٱلْبَيِّنَٰتِ |
| *Waan beekkoomsaa kan ergamoonni | فَرِحُواْ بِمَا عِندَهُم مِّنَ ٱلْعِلْمِ |

dhufeen saniin gammadan, ar'umaan tana isaan xiqqeessina, rattaana je'anii, isaan xiqqeessu'uu, itti koflu'uu jecha, qishanaa godhatan .. takkaa kuffaarri waan ifii qabaniin, beekkomsa addunya'aa kan beekaniin, gammadanii, ergamoota rabbittiin dhaaddatan

| | |
|---|---|
| 83}*Duuba wanni isaan qishna'aaf Taphaaf .qaatan ,azaa ni isaan.mee yoo dhugaa taye nutti haa bu'uu je'anii barbaadan itti bu'e . | وَحَاقَ بِهِم مَّا كَانُواْ بِهِۦ يَسْتَهْزِءُونَ ﴿٨٣﴾ |
| *Duuba hoggaa azaaba keenya kan itti bu'e argan , | فَلَمَّا رَأَوْاْ بَأْسَنَا |
| *Rabbii tokkichatti amanne | قَالُوٓاْ ءَامَنَّا بِٱللَّهِ وَحْدَهُۥ |
| 84}Waan isatti q ixxeessinee gabbarru, | وَكَفَرْنَا بِمَا كُنَّا بِهِۦ مُشْرِكِينَ ﴿٨٤﴾ |
| *Haa tayuu hoggaa azaaba keenya argan amanuun isaanii,isaan hin fayyanne | فَلَمْ يَكُ يَنفَعُهُمْ إِيمَٰنُهُمْ لَمَّا رَأَوْاْ بَأْسَنَاۖ |
| *Hoggaa azaabni bu'e, yoo amanan iimaanni nama fayyaduu dhabuun aadaa yookaa karaa rabbiin ummata duritti dalaguu ture, | سُنَّتَ ٱللَّهِ ٱلَّتِي قَدْ خَلَتْ فِي عِبَادِهِۦۖ |

وَخَسِرَ هُنَالِكَ ٱلۡكَٰفِرُونَ ﴿٨٥﴾

85} *Bakka azaabni itti bu'etti khasaaran kaafiraa, namuufuu mul'attee hoongayan.